**ADDA BILISUMMAA OROMOO**

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير أورومـــو

Gaafa: 03-02-2006
Date:
تاريخ

Lakk.: 006/xal-abo/2006
No.:
رقم

# Dhaamsa Gaddaa

**Irraa**: Daawud Ibsaa,
Hayyuu Duree Gumii Sabaa Addaa Bilisummaa Oromoo

**Gara**: Addaa Tokkichummaa Bilisummaa Ummata Oromoo

**Dhimmaa** : Dhaamsa Gaddaa

Kabajamoo hogganoota fi miseensota Addaa Tokkichummaa Bilisummaa Ummata Oromoo,

Dhaamsa kana maqaa kiyya, hogganoota ABO, miseensotaa fi deggartootaa maraan yammuun isinif dabarsu gadda guddaa boqotuu Dura Taa'aa Addaa Tokkichummaa Bilisummaa Ummata Oromoo fi Prezidanti Kabajaa Tokkummaa Humnoota Bilisummaa Oromiyaa, Kabajamaa Jeneral Waaqoo Guutuutti nutti dhagayame firoottanii fi miseensota akkasumas deggartootaa ATBUO hundaf ibsuu barbaadaa.

Boqotuunn Jeneral Waaqoo Guutuu jaarmayaa keessan ATBUO qofa osoo hin tahin waliigala sochii bilisummaa ummata keenyaa tif dhaba (loss) guddaa akka tahe namoonni mooraa qabsoo saba kanaa keessa turan fi sabboontonni Oromoo hunduu haqa hubatanii dha jennee amannaa. Addatti ammoo ATBUOf dhaba guddaa akka tahe ni hubannaa

Haa tahu malee qabsaawaan kufullee qabsoon akka hin kufne waan hundi keenya beeknuuf, waan gootnii fi qabsaawaan hangafa hunda keenyaa tahan kun irra guddaa jiruu isaanii irratti dabarsan bakkaan gahuu dhaaf bakka jirru hundaa murannoo dhaan of dura deemuu akka qabnu wal yaadachiisaa, firoottan, miseensota ATBUO fi hiriyoota isaanii hafan maraafuu Waaqayyo akka jajjabina kennuuf dhaamsa keenyaa irraa deebi'een ibsa.

Jeneral Waaqoo Guutuu qaamaan yoo boqotan illee hujiin isaanii fuulduraaf waan hin badnee fi seenaan saba keenyaa keessatti yeroo hundumaa kan yaadataman tahuun beekamaa dha. Maqaan isaanii sadarkaa ol aanaatti kabajaan tarree jaallan hedduu kanaan dura wareegama qaqqaalii saba ofii -tiif kennanii keessa akka yaadatamaa jiraatu sirnaan ibsina.

Injifatnoo Ummata Oromoof!

Dawoud Ibsa

HD-GS-ABO